Ergamaa Rabbii irraa -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- aayatoota kudhan kan qara'an turani, hanga beekumsaa fi hojii waan isii keessa jiru baranutti barumsa kurnan biroo hin fudhatanu ture

Abuu Abdurrahmaan al-sulamii irra akka odeeffametti- Rabbii isaa haa mararfatu- ni jedhe: Worroonni qur'aana nu qaraasisaa turan waan sahaabota Nabiyyii irraa nutti himani -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- isaan Ergamaa Rabbii irraa -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- aayatoota kudhan kan qara'an turani, hanga beekumsaa fi hojii waan isii keessa jiru baranutti barumsa kurnan biroo hin fudhatanu ture, akkasitti beekumsaa fi hojiis waliin baranne jedhani.

[hasani] [ahmad odeesse]

sahaabonni -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- qur'aana irraa aayatoota kudhan Nabiyyii irraa -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- qara'u turani, hanga beekumsa waan aayatootaa kurnan kana keessa jiru baratanii itti hojjatanitti kan birootti hin darbanu ture, akkasitti beekumsaa fi hojiis waliin baratan.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/65058